Amantiidhaan Guddachuu

Tajaajila Kristiyaanaa LHM- Itoophiyaa

Kutaa 3ffaa
Barumsa 1ffaa

Amantii Fayyinaa

... Kun kennaa Waaqayyooti malee, isin biraa miti.... Efesoon 2:8-10

1. **Amantiin fayyinaa maali?**

   Amantiin fayyina wangeelicha amanuudhaan araara Waaqayyootiin gatii cubbuu keenyaa baasuuf isa nuuf du'e Iyesuus kristoosiin akka fayyisaa keenyaatti amanuudha.
   .... Dhuqa wangeela biyya lafaa hundumatti labsaa... Maarqoos 16:15-16
   Dabalataan: - Yohaannis 3:15 5:24, Yohaannis 11:25, 12:46 2:31 H.Ergamootaa 10:43, Rooma 10:9

2. **Waaqayyoo araara isaa cubbamootaaf maaliif kenne?**

   Waaqayyo ho'a qabeessa ayyaana isaatiin waan nu jaallatuuf, Jaalaluma kanaan araara nuuf godhe, kunis waa'ee du'a ilma isaa gooftaa keenya Iyesus kristoosiif jedheeti,
   .... Dhiiga ilmasaatiin nuyi bitamnne.... Efessoon 1-7-8
   Dabalataan: - Efeson 2:8-9, 2:6-7 Rooma 2:4 filiphisyus 4:19 ximoo 1ffaa 1:4

3. **Amantiidhaan tolaa ta'uun atamitti dandaama?**

   Hojii gaarii nuyi hojjennu waaqayyo duratti qulqullaa'ota nu hin taasisu, sababiinsaa cubbamoota ta'uun keenya yaadaan, gochaan, dubbiidhaan qofa utuu hin ta'iin dhalootaan cubbamoota waan taaneef Iyesus kristoositti amanuudhaan qofa ayyaanaafi araarasa arganna. Haala kanaan tolummaan namootaa seera raawwachuu dhaan utuu hin ta'iin amantiidhaan akka ta'e hubanna. Roomee 3:28
   Dabalataan: - Ef. 2:8-9,2:6-7, Rooma 5:11 Qor 1ffaa 6:11

4. **Fayyina argachuu keenya mirkaneeffachuu dandeenyaa?**

   Eeyyee mirkaneeffachuu dandeenya. Mirkaneeffachuu kan dandeenyu Iyesus kristoos isa nuuf kenname irratti amantii qabnnuun, dhiiga isa nuuf dhangala'e lubbuusaa inni nuuf du'e wabii fayyina keenyaa ta'u isaa hubachudhaan mirkaneefanna, sagaleensaas kanuma labsa.

   ... egaa amma firdiin, warra Kristoos yesuusitti qabamanii jiraatannitti .... Rooma 8:1

   Goofta Iyesus Kristoositti amani atii fi maatiin kee ni fayyitu H.Ergamootaa 16:31

   ... ani garuu eenyutti akkan amane waanan beekuuf hin yeela'u ... Xim. 2ffaa 1:12

   Dabalataan: - Rooma 9:33 Ibroota 10:22-23 yohaannis 1ffaa 2:3, 13;19-24, 5:10-1

5. **Ijoolleen amantii fayyinaa qabuu?**

   Eeyye Macaafni qulqulluun, ijoolleen amanuufi fayyuu akka dandaan dhugaa ba'a

   Isa kaaniif amantiitu hafuuruma sanaan kennameef... Qor 2ffaa 12:9

   ... xixinnaa anatti amanan kana ... maat. 18-6

   Dabalataan: - Maar. 9:37, Maat 19:14, H.ergamootaa 2:39, Luuqas 18:16, Maat. 18:3, 18:10

   Dabalataan, Maarq. 9; 37 Maate 19:14 H.Ergamootaa 2:39 Luqaas 18:16 Maat 18:3, 18:10

6. **Amantii fayyinaa fi hojii gaarii gidduu garaagarummaan jiraa?**

   Eeyye Macaafnii qulqulluun akka ibsutti hojii gaariin bu'aa (firii) amantiiti, hojii gaarii hojjechuu kan dandeenyu humna ayyaana Waaqayyootiin amantiidhaan gara kristoosin fakkaachuutti adeemna. Garuu hojii gaarii hojjechuudhaan fayyinni hin jirru, fayyisaan Iyesus qofaadha.

   .... Kiristoos yesusiif amantii jaalalaan hojjetutu qaba... Gala 5:6

   Dabalataan: -Efes, 2:8-10 Qol 3:1-4 Ibroota 7:18, 10:1

7. **Amantiin Iyesus irratti qabnnu kutaa meeqatti qoodama?**

   Amantiin inni dhugaa Iyesuus irratti hundeeffame waa sadii ofikeessaa qaba. Innis, Beekumsa, waliigaluu fi amanamummaadha.

   Beekumsa: - Waan amanan beekuu jechuudha Xim 2ffaa 1:12

   Waliigaluu: - Waliigaltee sagalichaafi laphee (yaada) namootaa Jechuudha. Rooma 10:9

   Amanamuu: - Garaa guutuudhaan ija jabinaan amanuu jechuudha. Rooma 8:38-39

   Iyesus kristoos waa'ee cubbuu keetiif akka siif du'e beektee yoo amante, Isa waaqayyo waa'ee fayyina keenyaaf abdii siif kenne garaa guutuudhaan yoo fudhate akkasumas amantii ke kana afaan keetiin

dhugaa bu'uun barbaachisaadha. Haa ta'u malee isaan kana keessaa tokkollee yoo sitti hiri'ate amantiin kee hiruudha, dhugaas miti.
Amantiin waan abdatan dhuguma ni ta'a jedhanii.... Ibroota 11:1
<u>Dabalataan</u>: - Fakk 3:5, Esayaas 50:10, yaaqoob, 2:17 yoh. 1ffaa 5:3-5

8. Attamittan kristiyaana ta'uu danda'a?

Isin warri ba'an isinitti ulfaate kottaa Iyesuusin amanaa cubbuun keessan isiniif dhiifama gooftaa keenya Iyesus kristoosin ayyaanafi tolummaa ni argattu, kuni abdii dinqisiisaa waaqayyo nuuf kenneedha.

A) Kottaa- Abbaan koo anaaf kan kennuu gara ko in dhufa, isa gara ko dhufus ani ofirra in ari'u. Yohaniis 6:37
B) Cubbammoonni hundinuu - Hundinuu yakkaniiru, ulfinni Waaqayyoos isaanitti hirateera. Roome 3:23
C) Simadhaa - Hamma isa simataniif ijoollee Waaqayyoo akka taaniif aboo isaaniif kenne, isaanis warra maqaa isatti amananiidha - Yoh. 1:12
D) Amani - Namni ilma Waaqayyootti amane jireenya bara baraa qaba. Yoh. 1:12
E) Kristoos warra isa kadhataniif dhiifama godha kan kadhatu hundinuu ni fudhata, kan barbaadus ni argata, balbala kan rukutuufis ni banama - Maat. 7:8
F) Cubbuun hundinuu ... dhiigni ilma isa yesus kristoos immoo cubbuu hundumaatti nu qulleessa.
G) Qajeelummaa ... Karaa furii Yesus kristoos tola isaaniif kennameen qajeelota in ta'u. Rooma 3:24

Xumura Kutaa 3 ffaa Barumsa 1 ffaa

Gaaffiiwwan kana afaaniin deebisuuf yaali, yoo sirakkise barumsicha keessa deebii ilaali.

Deebiicha yemmuu ati nuuf ergitu nuyis qabxii kee barumsa itti'aanu duukaa siif ergina. Gooftaan si haa'eebbisu.

Gaaffiwwan Kutaa 3ffaa
Barumsa 1ffaa

1. Bakka hiratetti guuti.

   Isin ayyaana Waaqayyootiin karaa _____

   fayyifamtan, inni immoo _____ miti

2. Amantii fayyinaa jechuun maal jechuudha?

   _____

   _____

   _____

3. Waaqayyo cubbuu namaaf kan dhiisu waa'ee _____ jedheeti

   kunis _____ fi _____

   kan ta'eedha.

4. Hima sirri ta'e agarsiisi

   ( ) Amantiin fayyinaa, fayyinaaf ta'uunsa kan beekamu amanaan yaada isatti yemmuu itti toluudha.
   ( ) Amantiidhaan fayyuun keenya kan dhugoomu humni ittin fayyinu waan nu kennamefi
   ( ) Amantiin fayyuu keenya kan beeknnu du'a Iyesus kristoosin ayyaana Waaqayyoo waan argannefidha.

5. Waaqayyo fayyuu keenya akka beeknnu barbaada, nuyi immoo waa'ee

   fayyina keenyaa attamitti mirkaneefanna?

   _____

   _____

   _____

6. Hima sirri ta'e filadha.

   ( ) Ijoollee xixinnoon fayyina argachuu akka hin dandeenye macaafa qulqulluun nutti hima.
   ( ) Ijoolleen xixinnayyoota waan taaniif amanuu akka isaan in barbaachifnne macaafa qulqulluun ni barsiisa.
   ( ) Amantiin fayyinaa ijoolleen amanuu akka dandaan macaafa qulqulluun ni dubbata

7. Tolummaan ykn fayyinni namaa

   ( ) A. Hojii gaarii hojjechuudhan (Seera eeguudhaan)
   ( ) B. Iyesus kristoositti amanuudhaan
   ( ) C. Amantiifi hojii gaariidhaan

8. Amantiin Iyesus irratti hundeeffame waa sadii ofi keessaa qaba.
   A. _____
   B. _____
   C. _____

9. Walitti Firoomsi

1) Beekuu _____	A. Dubbii Keetiin
2) Waliigaluu _____	B. Yaada keetiin
3) Amanamuu _____	C. Sammuu keetiin

10. Kiristiyaana ta'uudhaaf maal gochuu nu irra jiraa?
    (Akka macaafa qulqulluuti)

    _____

    _____

    _____

Maqaa _____

Lakk _____

Teessoo _____

To'ataa _____